# Waxabajjiin 16 Guyyaan SBO Godinoota Oromiyaa gara garaa keessatti kabajame.

GODINA ILUU A/BOORAA : Haaluma walfakkaatuun sabboontotni ilmaan Oromoo Godina Iluu A/Booraa guyyaa hundeeffama SBO 26ffaa haala ho'aa ta'een kabajatan, guyyaa kana sababeeffachuun miseensotni Maadhee ABO fi Qeerroon dargaggootni barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Mattuu Walitti dhufuun warraqsaa FDG gaggeessa jiran daran jabeessuuf marii godhachuun itti fufinsa FDG jabeessuu muteeffatan. Guyyaa hundeeffama SBO waggaa 26ffa wayita kabajatanitti SBO' tirikaa (ibsaa) tulluu gubbaa uummanni Oromoo qabudha. Media kabajamaa fi jaalatama, kan qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti ga'ee gudda taphachaa jiru waan ta'eef waan dandeenyu hundaan SBO waliin jiraachuu isaanii waliif ibsuu uummaanni Oromoo hundi bakka jiru hundatti media isaa SBO akka dhaggeeffatu, akka qabsoo bilisummaa isaa gonfachuuf godhamutti akka jabbatu dhaamsa dabafataniru. Miseensotni Maadhee Godinicha keessatti guyyaa kana waliitti dhufuun kabajan:
1. Maadhee. Oromiyaa Bu'uura Biyyaa
2. Maadhee Qaanqee Bilisummaa,
3. Maadhee tokummaa Uummataa,
4. Maadhee Laga Soor
5. Maadhee Gamtaa Barattoota Oromoo Yuunibarsiitii Mattuu fi caasaleen madheewwan kana hundi dhaamsa baga geessani waliif dabarsuun guyyaa hundeeffama SBO waggaa 26ffaa kabajatan.

GODINA LIXA SHAWAA: Ummaatni Oromoo, sabboontotni Oromoo, dargaggootni Qeerroon barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Amboo, fi maadheewwan ABO qabsoo bilisummaa keenya gonfachuuf Warraaqsa FDG gaggeessa jirru keessatti ga'een media keenya SBO guddaadha, SBO'n sagalee keenyadha, media keenyadha, jechuun haala baay'ee nama gammachiisuu SBO jajachaa hundeeffama SBO waggaa 26ffaa kabajatan.

Sabboontotni Qeerroon barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Amboo fi Madheewwan ABO Oromoo guyyaa kana sababeeffachuun haala qabsoo bilisummaa Oromoo irratti marii bifa garaagaraan gaggeefataniin furmanni abba irree qabsoo jabeessuun itti fufuudha jechuun dhaamsa waliif dabarsan. Haaluma walfakkatuun guyyaan SBO kun Godina Lixa shawaa Aanota garaagaraa godinicha jala jira, keessatti sabboontota fi qeerroo dargaggoota Oromootiin akka kabajame gabaasan nu qaqqaba jiru addeessera. Miseensotni Maadhee Godinicha keessa jiran:
1. Maadhee Gumaabas Jaagamaa Badhaanee Lakk. 1A,2B FI 120C
2. Maadhee kiyyoo Diinaa

3. Maadhee Gumaa Baas Laggasee Wagii
4. Maadhee Shaamarraan Oromoo M.M kaayyoo Dhugaa
5. Maadhee Gamtaa Barattoota Oromoo Yuunibarsiitii Amboo, fi caasaleen maadhewwaan kanneeni Godina Lixa Shawaa keessatti hundeeffama SBO waggaa 26ffaa haalan kabajatan Mediawwaan Oromoo kanneen akka radio sefenabelbal, radio Afuura biyyaa, radio daandii ragabaa fi Media Oromoo reef hundeeffame ''Oromo Media Network, kanneen jajjabeeffamuu qabanii fi ilmaan SBO ta'uu wal hubachiisuun ilmaan Oromoo bakka jirruu hundaa waan dandeenyu maraan Mediawwan kanneen cina dhaabbannee haa jajjabeesinu jechuun dhaamasa isaani dabarfatan.

GODINA BAHA WALLAGGAA: Sabboontotni ummaatni Oromoo, Dargaggootni Qeerroon barattootni Oromoo yuunibarsiitii Wallaggaa fi maadheewwaan ABO guyyaa hundeeffaama SBO waggaa 26ffaaf yeroo kabajatnu gammaachuu guddatu nuti dhagaa'ama jechuun, SBO baroota kana keessatti media bu'ii ba'ii hedduu keessa injifannoo guddaan qaxxamuree qabsoo bilisummaa oromoo gurraa addunyaa fi gurraa uummata Oromoo qaqabsiisa guddina afaan Oromoo fi aadaa uummata keenyaaf illee media seenaan dagachuu hin dandaeenyee fi kabajamaa dha. Maadheewwaan
ABO ayyaana kana sababeeffachuun walitti dhufuun kabajata:
1. Maadhee Qeerransa Qeelloo
2. Maadhee Oliiqaa Dingil lakk. 1ffaa
3. Maadhee Odaa Bisil "AB"
4. Maadhee Gamtaa Barattoota Oromoo yuunibarsiitii wallaggaa fi caasaaleen miseensotni maadhee waliif dhaamsa dabarsuun godinicha baakkota garaagaratti guyyaan SBO waggaan 26ffaa'n haalan kabajame.

Sabboontotni Oromoo median kun media keenya , SBO'n sagaalee keenya Sagalee uummata bal'aa Oromoo fi labsituu Bilisummaa Oromooti, ilmaan Oromoo hundi baga guyyaa hundeeffama SBO waagga 26ffaa geessan jechuun dhaamsa erga dabarfatanii booda, Qabsoo bilisummaa oromoo ABO durfamuu Warrasa FDG uummaanni Oromoo biyya keessatti mirga isaa deeffachuu falmachaa jiru itti fufsiisuuf marii godinota kaani walfakkata ta'ee gaggeeffachuun, xummura irratti mootummaa abbaa irree wayyaanee of irraa kaasuuf FDG gaggeeffama jiruu jabaachuun kallattii hundaan itti fufuu qaba jechuun dhaamsa dabarfataniru. Wayituma guyyaa SBO waggaa 26ffaa kana kabajatanitti SBO cina Oromoon waan dandeenyuun haa dhaabbannu jechaa mediawwaan Oromoo kanneen akka radio sefenabelbal, radio Afuura biyyaa, radio daandii ragabaa fi Media Oromoo reef hundeeffame ''Oromo Media Network(OMN), kanneen jajjabeeffamuu qabanii fi ilmaan SBO'dhalche ta'uu wal

hubachiisuun ilmaan Oromoo bakka jirruu hundaa waan dandeenyu maraan Mediawwan kanneen cina dhaabbannee haa jajjabeesinu jechuun dhaamasa isaani dabarfatan.

Injifannoon Ummata Oromoof!!.

Waxabbijjii 16/2014